Mastii Sanada Ijoo Dubbii

# Bu’aa Qorannoo Poosatiivii:

## Beeksisa Bu’aa Iskiriinii Saamuda Dhiigaa

Sagantaa Qorannaa Daa’imman Reefuu Dhalatanii Minnesota

**Elevated IRT and 1 CFTR Variant Identified, Family Fact Sheet—Oromo**

# Immoonooriyaaktivii Tiraayipsinoogenii Ol ka’aa (IRT) fi 1 CFTR Jijjiiramaa Adda Ba’e

## Qorannoo wal’aansaa daa'imman reefuu dhalatanii irratti maaltu argame?

Qorannoon wal’aansaa mucoolii reefuu dhalatanii yeroo dhalatan walitti qabameen mucaan keessan IRT sadarkaa olaanaa akka qabu mirkanaa’eera. IRT’n pirootiinii xannacha rajiijjiitiin hojjetameedha. IRT’n sababoota hedduudhaan olka’uu danda’a, kanneen keessaa dhukkuba sanyiin darbu kan siistiik faayibroosisii (CF) jedhamu dabalatee. IRT’n olka’aa sababii tureef, saamudi dhiigaa daa’ima keessanii jijjiiramaa (jijjiiramoota) 39 baay’ee beekaman qaccee sanyii/jiinii CF fidu (jiinii CFTR) irratti qoratameera. Daa'imni keessan jiinii siistiik faayibroosisii irratti jijjiirama tokko akka qabu argameera.

## Kana jechuun maal jechuudha?

Jijjiiramni tokko qofti jiini siistiik faayibroosisii irratti yeroo argamu, daa’imni keessan CF (kan hin qabamne) kan baatu ta’uun isaa baay’ee hin oolu. CF’n akka dhufuuf jiiniin siistiik faayibroosisii fiduudhaaf jijjiiramoonni lama barbaachisoodha, kanaaf daa’imni keessan siistiik faayibroosisiin (kan qabame) qabaachuun isaa xiqqaadha. Qorannaan daa’imman reefuu dhalatanii jijjiirama jiini siistiik faayibroosisii hunda waan hin qoratneef, ammallee carraa daa’imni keessan jijjiiramaa lammaffaa jiinii siistiik faayibroosisii isaa/ishee irratti CF fidu qabaachuu ni mala.

## Itti aansuun maaltu ta'a?

Doktariin mucaa keessanii ispeeshaalistii CF irratti muuxannoo qaban waliin giddu-gala siistiik faayibroosisii keessatti qorannoo dabalataa taasisuuf ni gargaara. Ispeeshaalistoonni kun daa’imni keessan CF qabaachuu isaa baruuf qorannoo dafqa ni godhu. Qorannoon dafqaa yeroo daa'imni keessan naannoo ji'a tokkoo ta’utti kan beellamamuu ta’uu hin oolu. Mucooliin ji'a tokkoo gadi ta'an baay'ee akka gaariitti waan hin dafqineef, kanaafuu hanga daa'imni xiqqoo guddatutti eeguun ni gargaara. Faayidaa/hiika bu’aan isaa maatii keessaniif qabu gorsaa jeneetikii waliin haasa’uu ni dandeessu.

## Siistiik faayibroosisii jechuun maali?

CF’n dhukkuba furriin furdaa, akka haphee kan wayitti qabatu akka uumamu kan taasisudha. Furriin kun rakkoo hafuura baafachuu fi infeekshinii sombaa fiduu danda’a. Furriin kun qaamni nyaata bulleessuun/caccabsuun akka rakkisu gochuu danda’a.

## Rakkoo fayyaa kan akkamii fiduu danda'a?

CF’n tokkoon tokkoo daa’imaaf addaa addadha. CF’n dhukkuba umurii guutuu rakkoolee fayyaa hamaa fiduu danda'uudha. Daa’imman CF qaban kan irratti mul’atu:

- Ulfaatina qaamaa dabaluu dhabuu
- Bobbaan akka mucuceessaa ykn zayitaawaan ba’uu
- quucaruu
- Qufaasisuu fi humnaan hafuura baafachiisuu
- Infeekshinii sombaa

Daa’imman CF n qaban wal’aansa ariifataa fi of eeggannoo qabu irraa fayyadamoo ta’uu danda’u.

## Filannoowwan wal’aansaa akkamiitu jiraa?

CF irraa fayyuun kan hin danda’amne ta'us, mallattoon isaa yaalamuu danda'a. Wal’aansotni kennamuu danda’an kanneen gadii of keessatti qabachuu danda’u:

- Inzaayimoota ajaja ogeessa fayyaatiin kennaman nyaata akka gaariitti xuuxuuf gargaaran
- Nyaata fayyaaleessa, kaalorii baay’ee of keessaa qabu
- Viitaaminoota
- Qorichoota infeekshinii ittisuu fi hafuura baafachuudhaaf gargaaran
- Karaalee furrii somba keessaa qulqulleessuuf gargaaran

Daa’imman CF qaban doktora isaanii idilee fi doktora CF irratti ispeeshaalistii ta’e ilaaluu qabu.

### Maddeen Odeeffannoo

**Wabiilee Genetics Home Irra jiran:**
http://ghr.nlm.nih.gov

**Mucoolii Karaa Qorannoo Faawundeeshinii Baraaruu:**
www.savebabies.org

**Qorannaa Jalqabaa Mucaa:**
www.babysfirsttest.org

DEPARTMENT OF HEALTH Sagantaa Qorannaa Daa’imman Reefuu Dhalatanii, 601 Robert St. N., St. Paul, MN 55155
Bilbila (800) 664-7772, Faaksii (651) 215-6285 ***turjumaanni ni argama**
REV 05/2019